

# ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT



جبهة تحرير اورومو

Guyyaa:

Date: 13/9/2014

تاریخ

Lakk.:

No.: 002/stm-abo/2014

رقم

## Du'aan boqochuu sabboontuu fi qabsooftuu Oromoo Addee Faaxumaa Galmoo ilaalchisee ibsa ABO irraa bahe.

Seenaa Qabsoo Bilisummaa Oromoo fi eenyummaa Oromoo biyyoota alaa keessatti beeysisuuf qabsoo geggeeffamaa ture keessatti kan Jibuutiitti adeemsifame adda durummaan kaafama. Qabsoo eenyummaa Oromoo beeksisuuf adeemsifame kana keessattis maqaan sabboontuu fi qabsooftuu Oromoo Aadde Faaxumaa Galmoo sadarkaa duraatti waamama. Adda Faaxumaa Galmoo qabsoo Oromoo alagaa biratti akka beekamuuf qabsaa'uun cinaatti ilmaan Oromoo mootummoota gabroomfattoo dheetani biyyaa bahan gargaaruu fi qubachiisuun gaachanaa fi gaaddisa tahuufiin gargaaraa gochaa akka turte seenaa isii irraa dubbifama. Hundaan haadha Oromoo jedhamtee kan beekamtu Aadde Faaxumaa Galmoo, bara jireenyaa ishii guutuu sabaa fi biyya ishiitiif hadooddee, haara-galfii malee hojjechaa, arjummaa hambaa hin qabneen baqattoota Oromoo fi QBO gargaaraa seenaa boonsaa galmeessitee dabarteetti.

Gochaa Oromummaa isii kanaan kan Oromoo hunda biratti jaallatamtu Adde Faaxumaan Haadha Oromoo moggaafamtee ittiin waamamaa akka turte seenaa isii irraa dubbifama.

Hawaasa Oromoo biratti haadha Oromoo jedhamuun kan beekamtu Aadde Faaxumaan, abbaa isii Obboo Aammad Muammad Galmoo fi Haadha isii Aadde Aminaa Alii irraa Bitootessa bara 1930tti Baha Oromiyaa magaalaa Dirreedhawaatti dhalatte.

Sochii Afran Qalloo Dirreedhawaatti taasisaa tureen kan eenyummaa isi hubatte adde Faaxumaa Galmoo wayta biyyaa baatee Jabiituu seentetti biyyattiin Kolonii Faransaa jalaa bahuuf falmaarra waan turteef, rakkina biyya abbaa ishiitin wal fakkaataa tahe kana guutuutti bira dhaabbachuun barbaachisaa tahuu hubattee dubartoota Oromoo Jabuutii keessa turanii fi dammaqiinsa qaban waliin tahuudhaan qabsoo Jabuutii cinaa dhaabbachuu fi ofiifis wal ijaaruu eegaluu seenaan jiruu fi jireenya isheen walitti hidhaa ta'e jiru ni mul'isa.

Mootummaan H/Sillaasee sochii qabsooftuu Oromoo kanaan hin gammadnes, Haadha Oromoo falmaa haqaa fi bilisummaa gaggeeffamaa ture irraa akka dhaabbattee *Waldaa gargaarsa Dubartoota Iteegge Manan* jedhamee moggaafametti akka miseensomtu karaa embasi Itophiyaa xalayaa ajaja itti dabarsullee haqa irraa kan hin gorre Adde Faaxumaan ajaja nugusichaa lagatuun qabsoo isii itti fufte.

Akkanaanis falmaa Bilisummaa Jabuutii deeggaruun taasisaa turtetti milkaawuun wayta Waxabajjii 27 bara 1977 Jabuutiin walaba taatu, sochii Aadde Faaxumaa fi Oromoonni Jabuutii keessa jiran godhaniin waldaan Oromoo ijaarames seeraan beekamtii argatee ifaan sosso'uu jalqabuu seenaan du'aa isheen walqabatee bahe ifa godha.

Afaan Oromootti dabalee Afaan Arabaa, Faransaa, Somaalee, Affaar, Adaree fi Amaaraa sirriitti kan beektu sabboontuun qaroon tun, beekumsa qabdu kanaan lammailee Oromoof afaan

afaan hiikudhaan, hojii barbaadufiin akkasumas gorsaa-tinnisa adda addaa gochuudhaan nama dirqama lammummaa bahataa turte ta'uu seenaa ishee irraa hubatama mul'isa.

Aadde Faaxumaa Galmoo maatii isiitiin odoo tajaajilamaa jirtuu, Fulbaana 09 bara 2014 biyyuma baqattoota Oromoo kumaatama barootaaf gargaaraa turte, Jabuutiitti, gara fuula Rab-bitti deebite. Haadha Oromoo jedhamuudhaan kan beekamtu Aadde Faaxumaan, haadha ijool-lee 6 ti. Sabboontuu fi qabsooftuun Oromoo Aadde Faaxumaa Galmoo seenaa QBO keessatti gumaachi isii guuddaa fi bara-baraan kan yaadatamu dha.

Addi Bilisummaa Oromoo du'aan boqachuu sabboontuu Oromoo Aadde Faaxumaa Galmoo gadda cimaa itti dhagahame ibsaa, maatii, firoottanii fi hiriyoota akkasumas lammiilee Oromoo Haadha Oromoo Amrii Rabbiitin of biraa dhabaniin Rabbiin jajjabina isinii haa kennuu jedha.

Injifannoo Ummata Oromoof!  
Adda Bilisummaa Oromoo  
Fulbaana 13, 2014